**Kun tajaajila deeggarsa dubartoota, shamarranii fi maatii guutuu Awustiraaliyaa keessatti odeeffannoo, gorsaa fi gargaarsa tajaajila ittiin geggeessanii dha.**

**Saawuz Awustraliyaa - Tajaajila Fayyaa Baqattootaa**

Bilbila: 08 7133 996
Marsariitii: www.calhn.sa.gov.au/refugee-health-service

**Kuwiinsland - Hariiroo Dhugaa fi Fayyaa Wal hormaataa**

Bilbila: (07) 3250 0240
Emeela: culturallyresponsive@true.org.au

**Niw Saawuz Weels - Sagantaa Barnootaa dhimma Kittaana/Dhayna-qabaa Dubartootaa (FGM/C) NSW**

Bilbila: (02) 9840 4182 yookaan (02) 9840 3877
Marsariitii: www.betterhealth.vic.gov.au/health/conditionsandtreatments/female-genital-cutting-circumcision-fgc
Emeela: WSLHD-FGMEducationProgram@health.nsw.gov.au

**Weestern Awustraaliyaa - Tarsiimoo fi Sagantaa Fayyaa Dubartootaa**

Bilbila: 08 6458 1152
Emeela: KEMH.WomensHealthStrategyandPrograms@health.wa.gov.au

**Viktooriyaa - Sagantaa Mirgoota Maatii fi Wal hormaataa**

Marsariitii: www.betterhealth.vic.gov.au/health/conditionsandtreatments/female-genital-cutting-circumcision-fgc
Bilbila: Dhaabota naannoo keetii qunnamuuf marsariitii olii sana ilaali

*Tajaajila qaama saalaa kittaanaan cufame banuu argachuuf Hospitaala Rooyaal Wuumenitti kutaa Kittaana Dubartootaa (FGM) qunnami.*

**Tasmaaniyaa - Sagantaa Fayyaa Hawaasa Aad-daneessaa Fannoo Diimaa (Reedkiroos)**

Bilbila: (03) 6235 6077
Marsariitii: www.redcross.org.au/migration/bicultural-health-service-in-tasmania
Emeela: Tasbiculturalhealth@redcross.org.au

Afaan Ingiliffaan alatti nama tokko waliin haasa'uun yoo barbaachise **Tajaajila Hiikkaa fi turjumaana Biyyaalessaa** (TIS National) **131 450** irratti bilbili. **Turjumaanni bilisaafi iccitii eeguu** lakkoofsa bilbilaa olitti tarreeffaman kamiyyuu wajjin isin quunnamsiisuu ni danda'a.

Oromo | Afaan Oromoo

MULTICULTURAL CENTRE FOR WOMEN'S HEALTH

# Dhaqna qabaa Dubartootaa Awustiraaliyaa Keessatti

Dhaqna qabaandubartootaa yeroo tokko tokko qaama saalaa dubartii muruu ykn qaama saalaa dubartii kittaanuu/Muruu (FGM/C) jedhamee waamama Kunis naannoo qaama saalaa dubartii rakkoo fayyaa tokkoon alatti muruu yookaan miidhaa irraan gahuu dabalata. Dhaqna qabaan dubartii kun joollee durbaas tahee dubartii saniif faayidaa fayyaa kan hin qabnee fi inumaa jireenya saalummaa fi wal hormaata isaaniirratti rakkoo fayyaa uuma.

Gocha miidhaa geessisu kan maatii fi hawaasa biratti akka duudhaa aadaa barbaachisaa ta'etti ilaalamuu danda'uudha. Haa ta'u malee, gochaalee miidhaa geessisuu danda'an dhiisnee aadaa keenya kabajnee fi iddoo guddaa kennuu kan dandeenyu karaaleen ni jiru.

Qaama ofii to'achuu fi eeguuf hundi keenya ulfinaa fi kabajaan ilaalamuu qabna. Kun akka dhala namaatti mirga hunda keenyaati. Dhaqna qabaa dubartootaa irratti naannolee fi bulchiinsota hunda keessatti gargaarsi, gorsii fi odeessi ni kennama.

***Mirgoota namoomaa***

*Dhaqna qabaan dubartootaa mirga namoomaa shamarranii fi dubartootaa sarbuu akka ta'e sadarkaa idil-addunyaatti beekamtii argateera.*

*Qabeenyi kun pirojektii Deeggarsa Hojjetoota Leenjii FGM/C (SWIFT) jedhamu kan Mootummaa Awustiraaliyaatiin maallaqaan gargaaramuun kan qophaa'edha. Dhumarra kan haaromfame: Bitootessa 2026*

## Rakkoolee fayyaa

Dhaqna qabaan dubartootaa rakkoolee fayyaa yeroo gabaabaa fi dheeraa armaan gadii qaba:

- Rakkoolee fayyaa qaamaa: dhukkubbii cimaa, dhangala'uu dhiigaa, infekshinii, madaa, laguu fi rakkoo fincaanii (kan akka yeroo fincaantuu).
- Rakkoolee yeroo ulfaa fi da'umsaa: ciniinfuu dheeraa, tarsawuu fi dhangala'uu dhiigaa.
- Dhiibbaa xiinsammuu: miira miidhaa qaamaa, yaaddoo garmalee, fi saalqunnamtii irratti gammachuu xiqqaa qabaachuu, ykn hariiroo keessatti rakkoo qabaachuu.

Dubartoonni fi shamarran gariin mallattoo tokkollee agarsiisuu dhiisuu danda'u, kaan ammoo rakkoolee dachaa ta'an mudachuu danda'u. Yoo yaaddoon yookiin rakkoon fayyaa isin mudachaa jiraate, gargaarsa argachuuf qaama eegumsa fayyaa qunnami.

## Dhayna qabaan dubartootaa eessatti geggeeffama?

Addunyaa irratti dubartoonni miliyoonni 230 ol tahan dhagna qabamaniiru. Gochaan kun hawaasota fi saboota murtaawan kan Afriikaa, Baha Giddu galaa fi Eeshiyaa keessatti argama.

***Tilmaaman Awustiraaliyaa keessatti dubartoonni fi ijoolleen durbaa 53,000 tahan dhagna qabaa FGM/C raawwatani jiru.[1]***

Hawaasni biyyoota dhaqna qabaan dubartootaa keessatti raawwatamu hundi dhaqna qabaa hin raawwatan, yeroo garii namoota xiqqaa qofaan raawwatama.

Maddi aadaa dhagna qabaa dubartootaa kan hin beekamnee fi dirqama amantiis hin qabnee dha. Biyyoonni addunyaa gocha miidhaa qabu kanarraa fagaachaa jiru akkasumas seeraan ala godhaa jiru.

1 *Dhaabbata Fayyaa fi Wal gargaarsaa Awustiraaliyaa (2019). Gara tilmaama baay'ina qaama saalaa durbartootaa kittaanuu/Muruu Awustiraaliyaa keessatti (Cat. no. PHE 230). Kaanbeeraa: AIHW*

## Dhayna qabaa dubartootaa bifa gara garaatu jira.

Dhaqna qabaan dubartootaa yeroo hunda wal fakkaata miti akkasumas naannoo qaama saalaa dubartootaa irratti jijjiirama gosa adda addaa fiduu danda'a. Gosoonni dhagna qabaa dubartootaa hawaasotaa fi saboota gara garaa keessatti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Gariin isaanii jijjiirama xiqqaa godhu, kaan ammoo adeemsa gurguddaa fi rakkoo walxaxaa tahan geessisuu.

Dubartoonni muraasni bifa dhaqna qabaa dubartootaa bal'aa ta'e kan banaa qaama saalaa dhiphisuu of keessaa qabu raawwataniiru.

Dubartoonni muraa bifa kanaa mudatan yeroo ulfaa fi dahumsaa doktora yookiin deessiftuu irraa gargaarsa isaan barbaachisa.

### Awustiraaliyaa keessatti waa'ee dhagna qabaa dubartootaa laalchisee seerri maal jedha?

***Gochaa kun faallaa seeraa waan taheef beekun barbaachisaadha akkasumas diduuf mirga guutuu qabdu.***

Kan armaan gadii kun faallaa seeraati:

- *Waan naannoo qaama saalaa durbootaa kamiinuu muruun yookiis dhabamsiisuun*
- *Naannoo qaama saalaa hodhuun yookiis deebisanii hodhuun*
- *Qaawwa qaama saalaa dhalaa dhiphisuun*
- *Qinxira muruun yookiin tuttumachuun*
- *Naannoo qaama saalaa dhalaarratti miidhuun yookiis balaa irraan gahuun*

Seerri akka namni waan armaan gadii hin goone ni dhorka:

- *Dubartii yookiin intala dubraa muruu*
- *Muraa gochuuf nama Awustiraaliyaa keessaa baasuu*
- *Muraa gochuuf akka namni Awustiraaliyaa keessaa bahu gargaaruu*

Kan armaan gadii gochuu hin qabdu:

- *Adeemsa kana geggeessuu*
- *Adeemsa kana geggeessuu gargaaruu*
- *Nama adeemsa kana geggeessu barbaaduu*

***Dhagna qabaa raawwachuun hanga hidhaa waggaa 21tti nama adabsiisa.***

Maatiin gariin gara biyya itti dhalatanitti yeroo deebi'an dhaqna qabaa dubartootaa akka itti fufan dhiibbaan itti dhufuu danda'a. Lakki jechuuf mirga akka qabdu beekuun barbaachisaadha. Maatiin Australia fi addunyaa hedduun gocha kana itti fufuu dhiisuu filatu, intala keessan miidhaa irraa eeguun guutummaatti gaarii dha.